# Kiristaanootiin Kana Ni Beeku?

1. Waaqayyoo: Seerrata wanta ana duratti qajeelaa ta’e seera fi abboomii ani isiniif caafe yeroo hundummaa eegaa! Waaqayyoolii kan biraa garuu hin waaqeffatinaa. Moototа 2ffaa 17:37
2. Waaqayyoo: Inni mana kee keessaa dhalate inni horii keetiin bitames dhagna haa qabamu kakuun koo inni milkkinni isa foon keessan irratti mul’atu kakuu bara baraa ni ta’a. Seera Uumama 17:13
3. Yasuus : Kanaafis namni abboomota hunduma irraa xinnaatan keessaa tokko diigee diigamuu isaas namootaa barsiisuu mootummaa waaqaa keessattii isa hundumaa irraa xinnaatu ni jedhama. Matiwas 5:19
4. Phaawulos : Karaa tokko seerri inni duraa sun dadhabbii isaatiif waa’ee utuu hin baasin hafuu isaatiifis diigameera. Ibroota 7:18
5. Phaawulos: Ani Phaawulos isin dhagna yoo ufi qabsiiftan Kiristoos homa waa’ee akka isiniif hin baafne isinitti nan hima. Kiristoos Yasuusiif amantii jaalalaan hojjetutu gatii qaba malee dhaqnaa qabachuu yookis qabachuu dhiiisuu miti. Galaatiyas 5:1-6

    Inni kun isa gubbattii lakk 2 fi 3 walfaallessa.
6. Phaawuloos: Namnii waan seerri abboomu hojjachuudhaan utuu hin ta’iin amanuu duwwaadhaan Waaqayyoo duratti qajeelaa akka ta’u cimsinee ni barsiifna Roomaa 3:28.

    Isa kanas mee lakk. 3 walbiraa qabaa ilaala.
7. Abboomii isaa eeguudhaan isa beekuu keenyaa ni hubanna namnii “Ani isa beeka” jedhee abboomii isaa immoo hin eegne sobduudha. Dhugaanis isa keessaa hin jiru. Ergaa Yohaanis 1ffaa 2:3-4
8. Phaawulos mul’ata hammas hin jedhamne sanaaf akka ol of hin qabnetti wanti dhagna koo keessa taa’ee na waraanu Ergaamaan seexanaa kennamee na rukuta. Na rukuutuu isaatiinis ol of qabuu irraa na dhoowwa. Qoroontoos 2ffaa 12:7
9. Phaawulos: Ajaja Waaqayyoo akka hin qabne fi yaada mataa isaa kennuu isaa :
    - Waa’ee warra qeerummaadhaa fi durbummaatti jiraanii gooftaan abboomii hin keeninee ; ani garuu akka nama araara gooftaa argatee amanamee ta’eettii waa’ee isaaniitiif yaada koo nan kenna. Qorontoos 1 ffaa 7:25
10. Phaawulos gara Damasqoo uduu deema jira ifanni gubbaa gaditti bu’a yeroo sanatti :-
    1. “ Hundumti keenyaa lafa dhoofne” jedhameera hujii ergamtootaa 26:9 -20
    2. Phaawuloos qofatuu lafa dha’e namootiin isaa wajjiin deeman calluma jedhanii dhabbatanii sagalee dhagayan malee ificha hin argine. Hujii Ergamtoota 9:1-9
    3. Namootni isa wajjiin jiraan ificha argan malee sagalee hin dhagenyeeyuu. Hujii Ergamtootaa 22:6-11 sadan keessaa kamtuu sirriidha?

## Macaafa Qulqulluu Keessatti Yasuus Qofatu Gooftaa Jedhamee ?

1. Abiraaham :- □□□□ □□□ □□□□□□□. □□□ □□□□□ 18□12

    Afaan Oromoo garuu “Abbaan mana koo jechuudhaan fooyyeessaa.
2. Eliyaas Obaadiyaan utuu adeemaa jiruu Eliyaasii wajjiin walitti ni dhufan, Obaadiyaan namichi isatti dhufee Eliyaas ta’uu isaa hubatee lafa ga’ee qoomma’eefii “Ati dhugummaa gooftaa koo Eliyaasii ?” jedhee gaafatee. Mootota isa dura 18:7

3. Gaaf tokko namoonnii mandarichaa Elsaa'iidhaan ,"Yaa gooftaa kunoo akkuma ati argituu manadarichi illee iddoo ba'eessatti ijaarame---- jedhan. Mootota isa lammaffaa 2 :19
4. Aaron immoo deebisee Muuseedhaan "Ati gooftaa koo aartee hin boba'in sabni kun hammeenyaattii qabamee akka jiru ati iyyuu beektaa. Seera Ba'uu 32:22
5. Yooseefis Gooftaa jedhameera Isaan immoo deebisaniifi ," Lakkii! Yaa gooftaa nuyi garboonni kee midhaan bituu dhufnee ". Seera Uumamaa 42:10

   Kanaafuu yoo namootiin gooftaa jedhaman martuu waaqqayyoo ta'an taate waaqqooyoolii meeqatu jira?

- ➢ Macaafa qulqulluu keessatti iddoma tokkottiis Yasuus Waaqayyoodha hin jedhamnee. Gooftaa yoo jedhame ammo gooftaanii fi Waaqayyoo tokkoo miti mee macaafa irraa haa ilaallu.
- ➢ Nuuf garuu Waaqayyoo tokkichatu jira innis Abbaa isa waan hundumaa uume, isa nuyi maqaa isaatiif jiraannu. Qorontos 1ffaa 8:6
- ✓ Xumura irratti Kiristaanootiidhaaf hujii mana gochuudhaan kan goolabnu :

A. Gooftaan tokko amantiin tokko cuuphaan tokko Waaqayyoo fi Abbaan waan hundumaa tokkichaa inni waan hundumaa ni hojjeta iddoo hundumaa jira.

   Efesoon 4:5-6

   1. Amantiin tokko kam ? Ortodoksii ? Piroteestaantii moo Kaatolikii?
   2. Yasuus gooftaadha moo Waaqayyoo?

B. Bartooonni jalqaba duraa Anxokiyaatti " Kiristiyaanota" jedhamanii waamamaan. Hujii Ergamtootaa 11:26

- ❖ Gaafiin cimaan yeroo kana Yasuus gara mana samii waan deemeeruuf Kiristaanummaa eenyutu itti moggaase ? Yasuus hoo Kiristaana turee ? Anxookiyaan magaalotaa Israa'eel ala waan taateef Israa'eel keessatti amantaan bartootaa maal turee, yeroo Yasuus wajjiin turanitti ?

Sababaaan Yasuus waaqayyo jedhamuuf inni tokko waan gara waaqatti ol deemeef. Yasuusiin duratti Henok(Uumama 5:24) Eliyaas Mootota 2ffaa 2:11 ) lubbuudhaan gara Waaqaatti ol bahaniiru.

Sababani biroo ammo Yasuus du'aa kaaseera ''Waaqayyo'' ni jedhu. Maarree Eliyaas (Mootota 1ffaa 17:22) akkasuma Elsaa'iin (Mootota 2ffaa 4:34) nama du'e kaasaniiru. Kanaaf mormiin kun fudhatama hin qabu.

Kiristaanootiin yoomu barsiisan Yasuus nama guutuu fi Waaqa guutuu ni jedhu.

Garuu ilaalchi kun kan murtaa'e walgahii bara 451 Qalkidooniitti godhameen yoo ta'u Waaqayyoo nama fi ilmaa namaa akka hin taane seera lakk. 23:19 haa ilaalluu.

Waaqayyoof abbaa gooftaa keenyaa Yasuus kiristoos abbaa araara hundumaaf Waaqayyoo jajjabina hundumaaf galanni haa ta'u 2 Qorontoos 1:3 Galatni Rabbii Aalamaatiif haata'u Alhamduliillah Rabbil Aalamiin jedhee Phawuloosillee mirkaneessera.